

# Macaafa Qulqulluu Dubbisuu

Geoffrey Thomas

# Macaafa Qulqulluu Dubbisuu

MERF Ethiopia
Zemen Endale +251-911790701

# Macaafa Qulqulluu Dubbisuu

Macaafa qulquluu afaan dhalootaan argachuu caalaa carraawwan muraasin jiraachuu malu ta'aa?

Waggoota dhibba shan dura akkuma qonnaan bulaan maarasaa isaa hordofuu,wayyaa kan dhahu damacaa wayyaa ittiin dhahu bira taa'uu,guyyaa tokko ergoota macaafa qulqulluu afaan dhaloota isaan argatee dharraa dheebuu ba'u horatee ture.Dhimmi kun keessuumaa dubbattootin afaan ingilizii afaan dhalootaa isaaniitiin afaan qulqulluu akka qabaatan taasisuu yaada Wiiliyaam Tiindaalii keessa deddebi'uun isa aarsaa hawwaasa tureera. Abdiisaa kana nama salphiseef waliin falmiisaa yeroo xumuru,Wiiliyaam akkas jedhe :-''Waaqayyo araara naaf godheera, umurii dheeraa yoo naaf laate ijoollee maasaa dhiibdu siin caalaatti akka isaan macaafa qulqulluu beekan taasisa.''Tiindal akkuma jedheen jireenyi isaa utuu hin jijjiiramin jireenya isaa wareegama kaffaluun waan jireenya isaa waan hawwaa ture galmaan ga'uu dhalootaa dhalootatti ce'aa kan ta'e macaafa

qulqulluu afaan ingiliffaan barreeffame akka argannu taasisee jira.

‘’Afaan tokko adda taasisuu wantoti danda’an maali kan jedhu irratti falmii yoo jiraate ,biyya lafaa kana irra afaanota kuma torbaa oltu jiru.A.L.A bara 2013 walakkeessatti gamaaggama geggeeffameen macaafin qulqulluun muraasaain isaa gara afaanota kuma lamaafi dhibba shaniifi sagaltamaa hiikamuun isaa hubatameera. Wayita akana macaafin qulqulluun guutummaan guutuutti kan itti hiikame afaanota dhibba afurii sagaltamii shan yeroo ta’u ,kakuu haaraan ammo afaanota kuma tokkofi dhibba lamaafi torbaatamii saddeetitti hiikameera. Kakuu haaraan muraasaan afaantota dhibba saddeetiifi kudha torbatti hiikuu danda’ameera.Kana jechuun afaanota biyya lafaa keessaa jira dhibbeentaa sagaltama ta’an macaafa qulqulluu muraasaa isaa hiikamaniiruuf.

Haata’u garuu ,kutaalee biyya lafaa tokko tokko amma illee macaafin qulqulluun akka hin maxxansuus ta’e gurguruu cimsanii dhorkuun in jira.

1. Madda : Yuunaayitid Baayibal Soosaayitii

Kun macaafa Aleekisaandar Soolzanisitaayin keessaa isa tokko keessatti kaaba Kaazakistaan itti kan argamu mana hidhaa Kaaraagaandaa bakka jedhamu keessatti taatee ta'e kan yaadachiisudha.Taaticha keessatti Ivaan Diinoosooviichi ganamaa ka'ee sirreffaamaa hiriyaasaa macaafa kakuu haaraa dubbisuun saglee dubbisaa isaa in dhaga'ama.

'' Miseensa Waldaa Kirstaiyaanaa Baapitisti kan ta'e Aliyooshi sagaleesaa gadqabee macaafa qulqulluu dubbisa:-'' Isin keessaa lubbuun kamiyyuu ykn hattuu ykn hamaa kan raawwataa akka ta'u ykn dhimmoota biroo keessa akka galu ta'ee qorma hin fudhatu ,kirstaanaa akka ta'u garuu qorama yoo fudhate waa'ee maqaa kanaa Waaqayyoon hagalateeffata malee hinqaana'in. 2 Aliyooshi abshaala ,kutaa ciisichaa mana hidhaa keessatti qaawwaa qopheessuun macaafa qulqulluu itti cuqqaalun isa dhikate barbaacha wayita taasiafame argamaee hin beeku.'' 3 Macaafa qulqullaa'aa akka kanaa dhiyootti argachuu fi birmadummaan qayyabachuun keenya carraa guddaadha. Haata'u garuu,macaafa qulqulluu keenya

dubbisaa hubachuun keenyaan gad jechuu keenyaan irraa kan ka’een baayyee itti fayyadamudhiisuu dandaanya. Utubaan jireenyi kerstaanummaa ittiin dhaabbatu macaafa qulqulluu yeroo hundumaa cimanii dubbisuuu fi jaallatanii qu’achuu irratti kan hundaa’e ta’us ,kallattii garagaraan komeefi qoramasaaf furmaata barbaaduun kana shaakalaan guutamaeedha. Yasuus akka duuka buutotaatti macaafa akka sakkattaanu nu akkeekkachiisee jira.Innis dubbii sagalee Waaqayyoo gad fageenyaan akka sakattaanu tokkon tokkoon xiinxaalaa keessatti giddu gala akka ta’uufi hiikoon garagaraa laphee keenya keessa akka jiraatuufdha.Dharraa’uun sagalee Waaqayyoo hubachuuf ilaalchisee akka nama dheebotee ta’uu qabana. Fedhii o’aa akka kanaa bu’uura kan ta’e malee akka tasaa fi sadarkaa lammaffaatti salphisnee kan qabannu dhimma akkasumaanii ta’uu hin qabu.Dhimmi kun sochoosaa eenyummaa keenyaa fi kan sochii keenyaa –bu’uura jireenya keenyaa ta’uun ,jireenya kirstaanummaa keessatti dusaa ta’uutu irraa eegama.

2. Phexiroos isa duraa 415-16 (bara 1954 kan hiikame)

3. Soolzaniitisine Waan deeyi in za laayifi oof ivaan deeniisoviichi fuula 25
4. Yoh.5:39 (bara 1954 kan hiikame)

Namin dubbii sagalee Waaqayyoon malee bidden qofaan jiraachuu kan hin dandeenye erga ta'ee ,sagaleen Waaqayyoo jireenya kirstaanummaa keenya keessatti hojee gonkumaa bakka bu'uu hin dandeenye qaba jechuudha. Kanaaf gama dubbisuutiin ciminaan dubbisuufi jabina agarsiisuu qabna.Gorsoota bu'uuraa armaan gad jiran raawwachuun dirqama keessan ba'uuf kan isin gargaaraniidha:-

## 1. Fedha Guddifachuu

Macaafa qulquluu utuu addaan hin kutin yeroo hundumaa dubbisiuun ofii keenya dubbisa macaafa qaulaulluuf leenjisuu qabna.Namootin baayyeen ulfaatina isaanii hir'isuu in barbaadu ,cimsani utuu dubbatanii in dhaga'amu,haata'u garuu ulfaatina qama isaanii xiqqeessuuf homaa hin raawwatan.Guyyaa tokko garuu sodaana isaan in weerara.Duraan gaara rakkoo tokko malee ba'aa ta'ran xiqqoo ishee akkuma imalaniin

hafuurri addaan cituun hafuurabaafachuunitti cima, hafuura fudhachuun in dhaabbatu,nama isaan ialaaluuf garuu akka nama gaara ba'aa jiran dinqisiisfatanii fakkeessu. Naannawaa qoma isaanii waan ti akka dhukkubii itti dhaga'amuu danda'a. Ogeessa fayyaasaanii(Dooktoorasaanii) yeroo gaafatan dhiibbaan dhiigaasaanii baayyee akka dabale fi ulfaatin qaamasaanii hamma barbaadamuun olitti dabalee jiraachuusaa itti himuu danda'a. Jiraachuu kan barbaadan yoo ta'e sochii qaama jabeessu raawwachuu akka isaan irra jiruu isaanitti himuu danda'u. Kanaaf, fayyaummaasaanii eeggachuu fedhii cimaa qabaniin irraa ka'een mataa isaaniirratti duula hir'isa soorataa taasisuu danda'u.

Muuxannoo macaafa qulqulluu yeroo hundumaa duubbisuun bu'aa fedhii cimaafi mudaa jireenyaaf daandii furmaatin itti argamuudha. Shaakala salphaa miti,gufuuwwan keessoofi alaa baayyee mo'achuu barbaachisa. Barbaachisummaa sakkatta'uu macaafota qulqulluu hubachuu qabdu. Innis-

**1ffa. Uumama Macaafota qulqulluu** :- ‘’ Namin Waqqayyoo hojii gaarii hundaa fi mudaa malee kan qophaa’e ta’uu qaba,hafuura Waaqayyoo kan qabu macaafa hundumaa irraa barachuu ittiin ifatamuu laphee ittii sirreeffachuu gorsa qulqullumaaf infayyada. ‘’5 Macaaf qulqulluun macaafa qulqullaa’aadha. Kanaaf macaafota biroo irraa adda.Macaafin qulqulluun macaafota namtolchee hogubarruu baraa baratti ce’ufi macaafa mana amantaa kamiyyuurraa addadha.

5 Ximooxiyoos isa lammaaffaa 4:16:17

Kanaaf kirstaana kan jedhame hundumatuu kitaaba adda ta’e kanaaf yeroon kennus ta’e macaafichaafi jaalala ta’ufii qabu kan qabaatu adda ta’uu qaba. Heenarii Maartiin jaarraa kudha salgaffaa keessa Qeerroo beekamaa ture miisiyoonota akkuma qabu macaafa kamiif iyyuu jaalala kan qabu yoo ta’ellee macaafa qulaulluu waliin yeroo walbira qabau garuu onneesaa keessaatti macaafa isa kamiin iyyuu gara duubaatti taasisuun maacafa qulqulluu qofaaf iddoo adda ta’e laachu seera godhatee miisiyoonicha jiraatu ta’uu dubbateera. Joon Buniyaan gargaarasa hafuura

qulqulluun’’ imla isa monokkosuu’’ kan jedhu macaafa nama kakaasu barreessuu danda’us ,kirstoyaanni kamiyyuu garuu jijiiramaaf hamma macaafa qulqulluu kan kakaasu akka ta’e dubbatee hin beeku. Akka kana kan jiran kennaa danuu barreessuu ketaabota danuu barreessaniiru, isaan keessa naming tokko illee afuura-jiraataa Waaqa akka ta’e bakki isaan itti ibsan hin turre, ykn Waaqayyo akkas jedha jedhannii illee hin barrreessine. ‘’Amalooti addaa ta’eef inni guddaan ‘’ macaafota qulqulluu akkas jedhaiin barreessuudha. Waaqayyo kan jedhuuf sagaleen macaafa qulqulluu walisiminaa waldubbisuu qabu, amala addaa kana macaafoti biroo irraa hin hiratan . Waaqayyo kallattiidhaan kan nutti dubbatu macaafa qulqulluu qofaan.

**2ffa.Ergaa macaafa qulqulluu :** Gooftaan keenya Yasuus Kirstoos sgalee isaa keessa jireenyi akka jiru nuuf mirkaneesseera.Inni Waaqayyooj ireenya barabaraan dhala namaa waliin daandii tokkummaa inni uumuu kan agarsiisuudha. Namooti waa’eensaa yeroo dubbatumu waa’ee eenyumaa hindhageenyee akkamitti

amanu ? Namootin Yasuusiin amanuuf isaafi hojiisaa beekuu qabu,amanaan kan amanu beekee akka itti jiraatu taasisuuf macaafin qulqulluun baayyee barbaachosaadha. Eenymaan amanaa gara Yasuusiin fakkaachuun haalli jijjiiramu addaan kan hin cinne fi daandii ciminni irratti hin mul'anne macaafa qulqulluu waliin walitti hidhata qabuun qofaan murtaa'uu hin danda'u ta'a. Ergamaa Pheexiroos akka jedha '' …..fayyinaaf isatti akka guddattan akka mucoolii amma dhalatanii jal'ina kan hin qabne sagalee aannan dharra'aa . Jireenya barabaraaf ogummaa Kirstoosittis ta'e ,isaan waliigaluu ykn jaalalaan guddachuus haata'u sagalee Waaaqayyoo sakkatta'uurra darbee waanti ta'u miti. Hundumti keenya in duuna,nuti dhiiroti biyya lafaarra jirrufi dhalaan in duuna,jireenya barabaraatti kan mul'atu macaafa tokko qofatu jira. Macaafa sana beekuun qaba. 6.Pheexiroos isa duraa 2:2

**3ffa .** Dhuga ba'iinsa macaafota qulqullaa'oo ; macaafonni qulqullootin waa'ee Yasuus Kirstoos dhugaa'abu:- inni yaada rimee yaada ijoo macaafota qulqullaa'oo ti. Walumaa galatti macaafoti kakuu moofaa

waa’ee dhufaatii Yasuus Kirstoos –dhalachuu yeroo dubbatan,macaafoti kakuu haaraa ammo gara isaatti kan agarsiiftuu dha.Kana ifa gochuu kan barbaadu yaada dimshaashaati,kutaa tokkoon tokkotti sammuun Yasuus Kirstoosfi barsiisisaa macaafota qulqullaa’oo keessatti ibsamee jira. Naiyootin kakuu moofaa  afuura Yasuu Kirstoos keessa isaanii jiruun dubbataniiru.Guutummaan macaafa qulqulluu agarsiiftuu hojii Waaqayyoo Yasuusiin Kirstoosiin hojjetee ti, innis kakuu fi barbaacha isaa ti. Jaalalli gubaafi guddaan Kirstaanaa sammuu Kisrstoos beekuudha,eenyummaa isaafi duuka buutotasaaf  jaalala inni qabu hubachuudha. Ani Yasuusiin beekuuf fedhii gubaa qaba yoo ta’e  bakka biraa eessa dhaquun danda’a?Yasuusa akkas naan jedha ‘’ macaafota qulqullaa’oo sakatta’i.’’ Sababiinsaa Kirstoosa Yasuusiin kan mul’ate eenyummaan Waaqayyoo aangoodhaan yeroo mul’atetti fi  yaadi inni anarraa qabu maal akka ta’e kan seeneffame macaafota qulqulluu keesstti waan ta’eefdha.

**4ffa .Guddina uumama macaafota qulqullaa’oo** – walsimina,macaafin qulqulluun bu’uura irraa kan walqabateefi inni tokko isa tokko irratti kan fo’ame qaama dhugaan hojjetame dha. Qaamin nama tokkoo kutaa muraasa ilaalamee waa’ee qaamaasaa waliigalaa akkamittai akka hojjetame dubbachuun hin danda’amu. Macaafoti qulqulluunnis akkuma kana mul’ata macaafa kakuu haaraa malee kakuu moofaa hubachuun hin danda’amu,kanaaf ergaan ergmaan Phaawuloos qulqulluu wangeelotaa  malee ogummaa deggeramnii hubachuunn rakkisaa ta’a. Haala kana hin taanetti boqonnaa tokkos ta’e kutaa macaafa qulqulluu tokko erga barreeffame waliigala isaa adda baasuun hubachuun hin danda’amu.Fakkeenyaaf,Luqaaas Boqo.18 irratti Yasuus waa’ee haadha hiyyeessaa fakkeenya fudhachuun naming cimee yeroo hundumaa kadhachuu akka qabuufi onneensaa bu’uu akka hin qabne ibseera (Luq.18:1) .Ittii aansuu gaaffii dhibaa tokko gaafate :-‘’haata’u iyyuu malee, ilmi namaa yemmuu dhufu amantii lafa irratti argata laataa ?’’ (Luq.18:8) kana jechuun dhalli namaa (walga’ii tokko irratti ykn guyyaa dhumaatti fidiif yeroo dhufu  ta’uu danda’a) amantiidhaan ta’ee kadhannaan

cimee kan dhabbate Gooftaasaa Yasuusiin kan eeguudhalataa jechunngaaffii sakkatta'uu ti .

Sagalee macaafa qulqulluurra jiru akka barbaadine akka feetee kan itti fayyadamnu, akkuma jechoota ta'an tokkoo miti,caalattii kan hubatamuu qabuu uumamaan tokkummaa kan qabu fi jireenya waliin kan walhidhatee – quumnagara kan qabuudha.Waan biraan haahafuu macaafota qulqulloota keessa akka tasaa waanti ibsamanfi faayidaa kan hin qabne kan fakkaatan illee xiixala mirkaanaa'een haala ajaa'iba ta'een hiikoo kan badhaadhan ta'anii argamu.

**5ffaa. Faayidaa macaafota qulqullaa'oo :** jireenyi bayyee walxaxaadha,biyya lafaa irra wayita ammaa kana guddachaafi babal'achaa kan jiru taateewwan hawaasummaa amantaa kirstiyaanummaaf diinummaa hadhaawaa ta'ee ibsamuu karaa danda'uun dha. Maarksist Eengiils ,Chaarlas Daarwiinfi Siigimaan Firuudi kutaa biyyaa lafaa kara dhihaa irra kan aguuge haaluun amantaa babbal'achuusaan shoora mataa isaanii taphataniiru. Sab-quunnamtiilee fi macaafolee danuun macaafa qulqulluurraan deddeebi'anii hubaatii in geggeessu.

Faca’uu maatii, sagaagaluu, gaa’ila hiikuu, ulfa ofirraa baasuu…..waantoti kkf kirstoyaanota irratti rakkoo amala gaarii  guddaa ta’uun mul’atu.Kana irraa kan ka’e nuti gaaffilee dhiphisoon hunkuramaa  waan sirrii ta’e yaadinee,waan sirrii ta’e hubannee raawwachuuf barbaacha irra jirra. Waaqayyos sagaleesaa jaarraa diddamii tokkoffaa keessa  kan hin baratameneef baroota biroo keessa kan turan hundumaa walitti eda’amanii ittiin qixxaachuu kan hin dandeenye  isaan ‘’ guyyoota dhumaa’’ akka ta’an yaadee akka barreefaman kan taasise. Deebii gaaffiilee walxaxoo yerichaa macaafa qulqulluu keessaa arganna.Hubannaa barbaachisaafi jabina gonfachuuf ofii keenya ogummaa dubbii sagalee Waaqayyoo hidhachuun dhimma nurraa eegamuudha. Dhibaa’ummaa qorama keenya sia guddaa dha. Ogummaa darbe irratti hirkachuun rakkoo keenya isa guddaa ta’ee nutti mul’ata. Ofitti amanamummaa, amalli keenya fi kadhati keenya  sagalee Waaqayyoottii hundee gad kan fageeffate ta’uu qaba. Kistaiyaanotin gudddachaa jiran ta’uu qabna.’’Obsuun macaafotaa obsa namaaf laatan irra durse isa barreeffame hundumaa barumsa keenayaaf nuuf barreeffamee jira.’’7 Rom 15:4

Fedhii cimsuuf humni akka jaalalaa hin jiru.Dargaggoon tokko  afaan biyya biraa tokkoo bu'aa ogummaa isaaf qayyabachuu in danda'a,haata'u garuu dubbattoota afaan sana dubbatan shamree tokko waliin jaalalli isa qabee waliigaluuf jecha kan qayyabatu yoo ta'e ,afaan sana dafee baruuf  miira beela'uu guddaatu isa irra dhufa!Macaafota qulqullaa'oo qayyabachuuf gufuu guddaa waantoti nutti ta'an jaalala Kirstoosiif qabanu waan hira'ataa ta'eefdha,macaafa qulqulluu beekuuf fedhi nuti qabnu gad bu'aa yoo ta'e,dhugaatti fayyisaa beekuun keenya ykn dursee jaalala isaaf qabanu ture badeera yoota sakatta'amuu qaba.

Bakka kanatti  haa eegallu,sagalee dubbii Waaqayyoo waliin jaalalaan ta'uu keenya ofitti haa amannu,'' Abeeti ,seera kee akka gaariittan jaaladhe! Guyyaa hundumaa inni anaaf yaadannoodha .'' Kun fedhii dubbisa macaafa qulqulluu hin dammaqisu,in raggaasisus ?

## 2. Yeroo ramadaa

Macaafa qulqulluu dubbiisuun akka macaafa biraa dubbisuu miti. Gocha kanaaf yeroo addaa hin ramadinu yoo ta'e gonkumaa kan hin raawwatamne ta'a. Madaalli macaafa qulqulluus kanuma:- Fuulota 1000 ol kan qabu walitti qabama macaafotaa 66 ti!.Macaafa kana dubbisuun hubachuuf  kan gargaaran namoota baratan barbaachisa. Macaafin qulqulluun macaafota hundaan olta'us  garuu ,yeroo tokko tokko hubachuuf rakkisaa yeroo itti ta'utu jira.

Kanaaf sagalee Waaqayyoo haala fooyya'aa ta'een hubachuufi carraawwaan battala argannu hundumaatti fayyadamuun dhaabbataan dammaqaa in taasifna. Macaafota qulqullaa'oo yeroo yaadinu sammuun keenya sageleesaa waliin ta'uufi hiika argachuu argachuuf utuu addaan hinkutin inbirr'ata –in hawwa.Lallaboota yeroo dhaggeeffannu  ogummaa sagalee waaqayyootti guddachuufdha. Obboolota kiristiyaanaa waliin yeroo walitti qabamnuufi  onnee keenya keessa wanti deddeebi'u isa kanaadha .Far.119:97

‘’Yeroo sanatti warri Waaqayyoon sodaatan walii waliisaaniitiin walitti dubbatan+ Waaqayyos in dhaggeeffate+ Waaqayyoon warra sodaatan maqaasaa warri yaadan macaafa yaadannoo fuula duratti barreeffame.’’ 9 Kana hundumaa garuu darbee darbee kan ta’u ykn yeroo baayyee keessatti altokko kan ta’u dha,yeroo kamittuu kan ta’u yeroo fedhetti ta’uu dhiisuu danda’a.Kanaaf sagalee Waaqayyoo qu’achuuf ta’e jennee yeroo ramaduu qabna,kaayyoo kanaaf yeroo adda ta’e adda baasuun filuu jechuudha.

Yeroo akka kanaa xibaartuun ykn warra tolchanii kan ta’u miti.Sochii jireenyaaf tooftaan jireenyaa keenya hundumaa caasaa yeroo adda ta’e kana keessa hammatamuu qabu.Naamusaafi sirna kan qabu tooftaan jireenyaa keenyaa eenyummaafi amala namaa waliin walhin argu.Haala umamaa ta’een jireenya sirnawaa firi qabeessummaa waliin in yaadina, dhuunfaa keenyatti sina maleessa –kan hin tilmaamamne dubbisa macaafa qulqulluu irra deddeebisnee guddisnee dubbanna. Ilaachaa ilaalle kanaan of gowwoomsina.Nuti uumama akka fakkii Waaqaatti kan uumamane dha,Waaqinnin

keenya inni Waaqa irra jiru Waaqa sirna qabeessadha,inni uumaa ta’uufi namaa of-laachuu isaan kan mul’ateedha.Nuti bu’a qabeessummaan guddanneen kan argamnu jireenya keenya karaa karoora qabuuf caaseffammaan yeroo geggeeffannuudha.Dhiiroti danuu obboroo ganama ka’uu hareeda isaanii haaddachuudhaaf ofilaallee fuuldura daqiiqaa kudhan dhaabbachuun yeroosaanii akkuma balleessan,ciree keenya nayaachuu yeroo akkuma ramadinu, yeroo gara yerootti macaafa qulqulluu keenya dubbisuuf yeroo ramaduu qabna. Andiriiwu Boonaar kanjedhamu kirstiyaanni gammachiisaan jedhamu tokko yeroo tokko akkamitti akkas gammachiisaa akka ta’e fuula duratti gaafatamee yeroo deebisu akkas jedhee ture;-‘’Ani guyyaa tokko illee Gooftaa Yasuus waliin dhuunfaa kootti tokkummaa utuun hin uumin darbuu nama hiyyamu miti ‘’

Eegaa Gooftaan waliin tokkummaa inn uummatu yoom ta’uu qaba ?deebiinsaa salphaadha ,dubbisaan sammuufi hafuura isaan dammaqaa yeroo ta’utti fi waci bakka hin jirretti ta’uu akka qaba.Tokkoon tokkoon namaa nama addaati,kanaafWaaqayyoo waliin tokkumma waa’ee

uumuu keenyaa dubbachuu keenyaan dura kana akka raawwataaniif akka isin gargaaruuf naming isin itti himtan eenyu akka ta'e hubadhaa. Hin ta'u yoo ta'e akkuma seera fariisotaa gad buusuu irraa kan hafe waanti ta'u hin jiru.Nammoti baayyeen qaamasaanii dadhabbiif mudhukuurraa bilisa itti ta'uu danda'an obboroo macaafa qulqulluu dubbisuu yeroo mijaa'aa akka ta'e dhugaa ba'u. Tarii bakka namooti hundumatuu rafanitti halkann waarrii keessa dubbisuun muuxannoo gaarii ta'uu danda'a, haata'u garuu akkas bareedee gammachuun bariisifatee onnee nama hojii seenu keessa buluu rakkisaafi dafee baduus in danda'a.Muuxannoon akka kanaa namooti qaban baayyeen ganama obbooroo ka'uu akka isaan rakkisu dubbatu.Kun ammo hamma halkan waariitti turanii rafuu isaanii kan walqabatuudha.

Telieviishinii ilaaaluuf sirna ittiin ilaalu naming qopheeffate dubbisa macaafa qulqulluu obboroof jecha televiishinii ilaaluu dhiisuutu irra jira! Obbo ka'uudhaafi dafanii hirribaa dammaquun namoota rakkatan yoo taatan ,battaluma sana macaafa qulqulluu dubbisuu yaalii hin godhinaa.Isa irra caalaa dhiqachuu fi uffachuu

dursaa,hiikama qaamaafi sammuu akka argattaniif sochii qaamaa waan isin gammachiisuu danda’u hojjedhaa itti aansuun dubbisuu eegalaa.Haati warraa dursa kan laattu ijoollee gara mana barumsaattierguu ta’uu danda’a,kanaaf gochaalee guyyaa keessatti raawwattu utuu hin eegalin dura yeroo tasagbbii qabu dubbisa macaafa qulqulluuf utuu itti fayyadamtee gaariidha.Namoota tokko tokkoof ammo hojiidhaa yeroo deebi’an yeroo galgalaa jiru macaafa qulqulluu dubbisuuf yeroo bareedaa ta’uufii danda’a. Hundumti keenya garaagara, kanaaf kirstiyaanotin of beekan muuxannoo kadhataa fi dubbisa macaafa qulqulluu dhuunfaasaanii kirstiyaanotin biroon akka hojiirra oolachaniif dhiibuu hin qaban. Dhimma kana irratti fuula Gooftaa duratti hundumti keenya itti gaafatamummaan dhaabbanna.

Wacaafi jeequmsarraa sammuun keenya bilisa ta’uu fi gabii qabaachuu ittidanda’amu sa’tii mijaawaa kamiyyuu hinaaffaan eegamuu qaba.Asi irratti hubadhaa ,sa’aatiin sun yeroo baayyee gufuufi taatee nama danquu dnada’antu itti baayya’ata, jecha biraan hubaatii hafuuraa irratti raawwatama. Kanaaf, carraa argametti

fayyadamuun sa’aa sana waan biraaf oolchuuf wareegama kaffalluuf dhiibbaa jala galla.Bakka kanatti dhibaa’inni nuti agarsiifnu kallatii jireenyaa hedduuf ka’umsa dadhabbii nutti ta’a,faallaasaa yeroo sanatti ciminni nuti agarsiifnu haalota jireenyaa hedduu keessatti cimina ittiin mul’annu ta’a.Jireenya kirstaanummaa haaloti wareegama gurguddoo itti raawwannu hin jijjiiraman,Isaan kanarraa kan barataman mo’ichaa fi kufaatiin qaqqabsiisan waliin imala hafuuraa keenya hundumaa barootatti imalla. Sagalee Waaqayyoo guyya guyyaan qayyabachuuf mataa ofii ganuu shaakaluun jireenya kirstiyaanaa kamiyyuu keessatti hojii fufiinsa qabu dha.

### 3.Sagalee Waaqayyoo dubbisuuf bakka adda baasuu

Macaafa qulqulluu eessa iyyuu fuutanii deemuu in dandeessu,gaara irra ykn ammo qarqara galaanaa ykn laga bira macaafa qulqulluu dubbisuun muuxannoo jireenya kirstaanummaa gammachuu gad fageenya qabu kan namaaf kennu keessa isa tokkoodha. Dubbisa sirna qabeessa guyya guyyaan geggeeffamu garuu sochii irra bilisa kan ta’eefi gabiin qu’achuu bakka itti danda’amu

adda baasuun barbaachisaadha.Fayyisaan keenya Yasuus Kirstoos gara biqilooti (kuduraa fi muduraan ) jiran deemaa ture,ergamaan Pheexiroos garuu jannata qopheessee ture,akkasuma illee nabiyyuu Eliyaas jannati akka qophaa'eef dubbisna.

Macaafota qulqullaa'oo utuu addaan hin kutin dubbisuun sammuu keenya keessatti bakka hin sochooone akka qabaatu taasisuun bu'aa qaba. Akka kana namin sammuu qabu yeroo ciisus ta'e yeroo taa'u boqonnaa walqixxaate keessa ta'ee ti,sababiinsaa naming akka kanaa al-tokko qayyabachuuf haalli inni itti taa'u waan itti bareef yeroo sanaafi bakka sanatti of arga.Ifi keessatti dubbifamu madaalawaa ta'uu mirkaneeffadhaa.Akka gaariitti ifa ife keessa teenyee macaafa qulqulluu jecha lama dubbisuu in dandeenya.Bakka dubbisa keessanitti ho'i kutaa gar malee kan o'u fi kan qorru –madaalawaa ta'uu qaba.Yeroo dubbisa keessanii xiyyeeffaannoo haala naannawaa keessanii keessaa ba'aa akkuma deemuun gad fageenyaan dubbisuun keessan dabalaa deema. Macaafa qulqulluu ciisanii dubbisuuun (kitaa biros haata'uu ciisanii dubbisuun) gonkumaa akkaataa taa'umsaa

gorfamu miti! Maaliif yoo jedhame taa'anii dubbisuun dammaqaa nama taasisa,taa'anii dubbisuun asiif achi waan itti hirkatan.Namootin tokko tokko jilbeemfatanii dubbisu,haata'u garuu jilbeemfachuun uumaafi dafee mijaa'ina kan nama irraa kaasu ta'uu danda'a,sababa kana irraa ka'een harka keenya keessa macaafa jiru dhiifinee xiyyeeffannaan keenya gara dhukkubbii fi gara mijaa'ina dhabuutii akka dhufnu taasisa.

Isaan kun hundumtinuu hordofsiistuu irratti kan xiyyeeffataniidha jettannii yaaduu dandeessu ,haata'u dagachuu hinqabne yeroo dubbisaa akkaataan taa'umsa keessanii faayida dhabeessa akka hin taane ,fakkenyaaf jilbeemfachuun kadhta jalqabuufdha. Namin tokko kan jilbeemfatuuf fuula Waaqayyoo isa qulqulluu duratti ofii garalaafummaan gad of qabuufdha. Lubbusaa dhangalasee qaamin salphatee kan kadhatu jira, faartaan ‘’onneen koos foon koos Waaqa isa jiraataan gammaddee ‘’ akkuma jedhee jechuudha.

Kanaaf akka ta'uuf malutti dubbisuuf ,sa'aa adda ba'e adda baasaatii ramadaa,gara baratame kutaa dubbisa keessanii dhaquu irraa hin dhibaa'inaa,ibsaa kutichaa

akka ta'utti ibsaa,qilleensisaa kan ukkaafme,kan nama jeequ,kan o'u,kan qorru akka hin taane godhaa,mijaa'ina gar malee ykn humnaa olii keessa taatanii dubbisuu hin yaalinaa! 10 Faar 84:2

### 4.Karoora Baasaa

Qu'annaan macaafa qulqulluu milkaa'ina qabu harka caalaansaa barsiifata hojjetaa gaariin kan wal-qabatuudha.Gootummaa mamii hin qabneen eegalaa .Miirri keessan hamma kaka'utti turban hin eeginaa.Kanaa olitti dubbisa keessan eegaluu miira keessan kakaasaa,sababiinsaa macaafin qulqulluun ofiisaa miira keessan in kakaasa.Dhimma kanaaf,Je.Si.Raayile akka jedha :-'' hafuura qulqulluu dubbisuuf daandiin inni guddaan dubbisuudha,jechuun macaafa dubbsiuuf hawwuu, karoorsuu, yaaduu…. miti,furmaatinsaa ga'aan calluma jedhanii dubbisuu eegaluudha. Dubbisuu hineegaltan tanaan,na amanaa gama dubbisuun dhundhuma tokko illee achi hin siqixan.''

Dubbisuuf kan isn gargaaru qajeeltoo qabdu yoo ta’e, dursitanii dubbisuun gochaan raawwadhaa.Dhugaatti akkamitti akka dubbistan karoora hin qabdan yoo ta’e macaafa qulqulluu gonkumaa dubbisuu hin dandeessan. Macaafa qulqulluu kutaasaa muraasa dubbsuu in dandeessu,kana jechuun guutunnaa macaafichaa ta’uudhiisuu danda’a. Ta’us yaada waliigalaa kutaa dubbistanii qabachuu dhabuudhaan isa baayyee barbaachisaa ta’e bu’aa muuxannoo dubbisaa dhabdu.

Kitaaba gabaabduu kan dhumatti karoora dubbisaa jira, akka ta’utti hordoftanii itti yoo fayyadamtan waggaa tokko keessatti macaafa kakuu moofaa akkuma kana macaafa kakuu haaraa yeroo lama dubbistanii kan itti xumurtaniidha. Kun karoora fedhii olaanaa guutame ta’us guyya guyyaan yoo xiqqaate boqonnaa sadii dubbisuuf murannoon yoo kaatan hojemaata raawwatamuu maluudha. Karoora akka kana jiru hordofuun kan nama gammachiisuudha. Kanaan olitti karoora gurra guddisa fakkaatan fedhiin guutaman karoorfamanii gochaan milkaa’innisaanii ijaan iallallee beekuun dhugaadha. Abbaa wangeelaa beekamaa Jo Weesilii Ayati Saamuee;

Aneseleeyi,boqqoonnaa diddam macaafa qulqulluu guyya guyyaan dubbisuu kan eegale mucaa waggaa 5 fi 6 ta'ee utuu jiruu ti.Waanti ajaa'ibsiisaan isa kana :- barsiifatasaa kana bara jireenya isaa keessatti hojiitti jijjiiree jira!

Artar piinki hiriyaasaaf xalayaa akkas jedhu barreessee ture:-

'' Bara dubbisaa jalqabaa ….. macaafa qulqulluu koo marsaa sadiin dubbiseen ture ( innis guyyaa guyyaan macaafa kakuu moofaa boqonnaa 8 fi kakuu haaraa boqonnaa 2 jechuudha). Brsiifata dubbisa koo kana waggoota kudhaniif utuu addaan hin kutin raawwachuun of yaadota macaafa qulqulluu walitti hidheen jira, kun ta'uu kan danda'uuf daandii walitti fufiinsa qabuun barsiifata dubbisaa eeguun qofa dha.'' 11

Karoora akka kanaan jiruun keessa of galchanii utuu hin dadhabin kan ciman kirstiyaanotin bara nuti amma keessa jirruu muraasa. Barreeffama gabaa kana gara dhumaatti karoora dubbisaa dhiyaate namoota tokko tokkoof miti baayyee kan dadhabsiisu ta'ee itti mul'ata,utumallee akka waldaa kirstiyaanaa tajaajilaa fi geggeessaan barbaachsaa

ta’ee jechuudha.Kakuu moofaa irraa kutaa tokko fuutanii dubbisa dhuunfaa keessan irraa baaftanii sadarkaa maatiitti qu’achuu yoo murteessitan humna keessan yerichaa keessaa qu’annaa bu’a qabeessaaf sagantaa ittifayyadamtan jechuudha.

Keessumaa maatiidhaan macaafa qulqulluu keessan maadiin nyaataa keessan erga ka’ee booda dubbisuun barsiifta gaariidha. Gocha miseessonni maatii hundumtuu raawwatan utuu ta’ee gaariidha.Barsiifata kana karaa caalaa ta’een ittfayyadamuuf miseensonn maatii hundumtuu fuulduraa macaafa qulqulluu utuu qabaate filtamaadha. Haala kanaan yaadin namaa gara iddoo biraa deemee akka burjaajofneefi tokkoon tokkoon namaa kutaa dubbifame irratti xiyyeeffatee akka mar’atu taasisuun in danda’ama.Barsiifata akka kanaa kan barbaachisu waa’ee dubbisichaa kutaa ijoo ta’e hunduma biratti hubannoo yeroo jiraatuudha.

Karoora kana yeroo hordoftan gardhumaatti hordofaasaa fi kan beekame gorsa Si.ECH. Siprjiinii tilmaama keessa galchaa :-

‘’Tajaajilaa hundumtuu macaafa Maatiyuu Heenarii yoo xiqqaate al-tokko of eeggannoon dubbisuutu irra jira. Kolleejjii yeroo baatan baatilee 12n itti aanan kitaabicha barbaaddanii akka dubbistan isin jajjabeessa. Jalqabasaa irraa jalqabdanii keessa darbuun lafa gaarummaa sana Daanirraa haga Beersaabeehi imaltanii raawwattu. Qabxiisa kan irratti qabattan of-bira kaawwattanii ergadubbistanii dhuma kan hinqabne –lallaba lakkoofsaafi safara kan hin qabne keessaa baastu, yeroosaa eegee lafa keessaa akka achii ol danfuufi Waaqaafi lafa akka aguuge gurmuu yaadota danuu naannawaa keessan in to’ata.

11 Leeter of E Dabliwuu.Piinki (Eedanbergi :- Baner Of Tiruuzi ,1978 kan maxxanfame ) fuula 23

12 Leekicheersi to Mayi Situudanti (Eedanbergi :-Baner of tiruuzi ,1987 kan maxxanfame ),fuula 661-2

Karoorichi karaa adda ta’e kanaan qabamee hojiirra yoo oole ,fakkeenyaaf Amajjii 7 irraa dhuunfaa keessanitti uumama boqonnaa 7 fi 8 qu’achaa jirtu yoo ta’e ,fi Wangeela Maatiyoos sadarkaa maatiitti nyaati erga

nyaatamee booda dubbisuu yoo eegaltan,guyyaa biraa Maatiyuu Heenarii macaafa Iyyoob boqonnaa 11 irraatti ibsa inni laate dubbis.Ta'us kaayyoon dubbisuu keessanii baayyee dubbisuu ykn dubbisuu dhiisuu keessanii ta'uu hin qabu.Kaayyoo ta'uu kan qabu Waaqayyoon beekuudha. Kanas kan goonuuf yaada qalbii keenya tasgabbeessuuf ykn ajaja soortuu keenyaa raawwachuuf ta'uu hin qabu.Ta'u macaafa qulqulluu dubbisa keenya itti fufuuf fi keessa seenuuf keessumaa yeroo jalqaba keenyaatii jajjabeessuun soortuu keenyaa nuhin gargaaru jechuun hin danda'amu,ni gargaara. Fakkeenyaaf walitti qabamin sun fiigarii –baafata karooraa fuudhee miseensota hundaaf ibsuu in danda'a.Fillannoo dubbisaa inni tokko kutaa dilbataaf ramadame ta'uu danda'a,kunis yoo xiqqaate hoji maata baatii tokkoof itti fufuu kan danda'u dha.Weelsitti ijoollee waldaa kirstiyaanaa biratti waan barsiifatame tokkotu jira,innis ijoolleen tobeedhaa haga torbeetti kutaa macaafa qulqulluu lapheetti qabannaan akka qayyabatan taasisa,achii guyyaa dhalachuu Gooftaa isa irratti qophaa'an ijoolleen akka dhiyeessan in taasiafamu.Torbee torbeen luqqistoota dhiyaachaaa turan keessa filachuun dhiyeessuu danda'u.

Karaa kamiin iyyuu ta’ee karoora nuuf dhiyaate kan itti fayyadamnu fedha dhuunfaa keenyaf, al-tokko bakka teenyetti ala lama ykn sadii boqonnaa macaafa qulqulluu inni tokko ergaa guutuu ergmaa isa tokkoo dubbisuuf karoora karoofachuu qabna.Sagalee Waaqayyoo bal’inaan kan hindubsine yoo ta’e gonkumaa hubachuunii kan hin dandeenye waantota baayyee gatiinsaanii ol-ka’aa ta’e jiru.15. Sararoota qofaa dubbisnee yaada rime barreessaa ykn yaada ijoo akka argannetti lakkoofnee gara duubbatti jennee kandhiifnu macaafin hin jiru.Macaafa qulqullaawaa kan ta’e sochii yaadaa arguuf fi hubachuu, macaaficha uumama irraa haga mul’ataatti akka ta’uuf malutti dubbifamuu qaba.Kirstoyaanni haala kanaa gad ta’een dheebuu ba’uu hinqabu.Kutaa muraasa macaafa keessa fudhatee dubbisuu qofaan macaafa qulqulluu keessa ogummaa waliigalaa argachuun hinndanda’amu. Yaadin macaafaa caalamaatti ifatti mul’achaa kan dhufu hamma of-eeggannoon dubbisan irratti hundaa’eeti. Kanaaf tooftaan ittiin macaafinni dubbifamu qophaa’uu qaba.Tooftaan dubbisaa inni tokko gabaajee afaan ingiliffaatiin “”Esi-kiwu-siri-Ari’’ Esi irra fiiganii dubbisuu,Kiwu –gaafachuuf,Siri Ari ykn miiltoon sadan

afaan ingilizii duraa duubaan 1ffaan Ari dubbisaaf ykn dubbisuu,2ffa Ari lrikoolari ykn yaadachuuf akkasumas 4ffaa Ari lariiviyuu keessa deebiif bakka bu'uun kan dhaabbataniidha.Macaafa qulqulluu kutaan haaraan tokko dubbisuu yeroo eegallu ,gara olii barreeffama macaafachaa qayyabachuu hojii keessan isa tokko taasisaa.Wiiliyam Heendeerikiseen guutummaa macaafa qulqulluu irratti qu'annoo garafaa barreesseera (Ivaanjeelikaal pireesi) ,akkasuma heerviinigil eli jeenesan (muudi Pirees)fi Ugeenyy meerilli(beeker) '' qu'annoo garafaa kakuu haaraa hojjetteera.Je Giryysham macheeni gamasaan wixinee macaafa kakuu haaraa kakuu haaraa ogubarruu seensaa fi seenaa (faajjii dhugaa) mata duree jedhuun barreffama xiqqoo qopheesseera. Rakkoo yaadachuu qabdu yoo ta'e kutaa qu'atame guyyaa tokko dursaatii irra deebi'uun dubbisaa.

Sadarkaa lammaffaatti ,yeroo dubbistanitti dubbisa dubbistan irratti gaaffii gaafadhaa:- ''Dubbisi maali kan jedhu'' jechooti kun lamaan hiiki isaanii maali?'' sagalee Waaqayyoo ilaalaa jirraa, tokkoon tokkoon qubee qeenxeen filmeeti galee. Kanaaf tokkoon tokkoon qubee

